Akkaataa xurii janaabaa irraa itti dhiqatan

Haadha Mu'umintootaa Maymuunaa irraa odeeffame Rabbiin irraa haa jaallatu, akkas jette: Nabiyyiif -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- bishaan dhiqannaa kaayee, huccuudhaan girdoo isaanif godhe, bishaan harka isaanii lamaan irratti buusanii, isaan lamaan dhiqatan, ergasii mirga isaanitin bitaa isaanii irratti bishaan buusanii, qaama saalaa isaanii dhiqatan, harka isaanitin lafa rukutanii ishee haxaa'an, ergasii ishee ni dhiqan, lulluuqqatanii bishaan funyaan keessa ol galchanii gadi deebisan, fuula fi harka isaanii lamaan ciqileen waliin ni dhiqatan, ergasii bishaan mataa isaanii irratti gad naqanii qaama isaanii irratti dhangalaasanii dhiqatan, eegasii eddoo dhiqannaa irraa fagaatanii, miila isaanii lamaan dhiqan, uffata wahii laadhefi, garuu hin fudhanne, harka isaanii lamaanin bishaan ofirraa hurgufaa deeman.

[sirrii] [Bukharif muslim irratti waliigalan]

Haati Mu’umintootaa Maymunaan Rabbiin irraa haa jaallatu janaabaa irraa akkaataa dhiqatinsa Nabiyyii -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- irraa himte, yeroo bishaan ittiin dhiqatan isaanii dhiheessitee, girdoo isaanif gootetti, Nabiyyiin -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- akka armaan gadii kana raawwatan: Tokkoffaa: Harka isaanii lamaan irratti bishaan naqanii osoo isaan lamaan meeshaa bishaanii keessa hin galchin dhiqan. Lammaffaa: Harka mirgaatiin bishaan harka bitaa irratti naqanii qaama saalaa isaanii dhiqatan; Xurii janaabaa irraa itti maxxane irraa isa qulqulleessuuf jecha. Sadaffaa: Harka isaanitiin lafa rukutanii ishee haxaa'an, eegasii xurii irraa deemsisuuf jecha ishee dhiqan. Afraffaa: Afaan ni lulluuqatan; sunis Bishaan afaan isaanii keessa galchanii naannessuudhaan eegasii baasan, akkasumas funyaan isaanii keessa ol galchanii isa qulqulleessuuf jecha eegasii gadi deebisan. Shanaffaa: Fuulaa fi harka isaanii lamaan dhiqatan. Jahaffaa: Mataa isaanii irratti bishaan ni dhangalaasan. Torbaffaa: Qaama isaanii isa hafe irratti bishaan dhangalaasanii dhiqatan. Saddeettaffaa: Bakka isaanii irraa socho’anii waan duraan hin dhiqiniif jecha miila isaanii lamaan dhiqatan. Eegasii bututtuu wahii tan ittiin goggoffatan qabdee itti dhufte, garuu isaan ishee fudhachuu dhiisanii, bishaan qaama isaanii irraa harkaan haxaa'uu eegalan.


النجاة الخيرية
ALNAJAT CHARITY


لجنة الدعوة الإلكترونية
EDC
E-Da'wah Committee